

Haqa wardii Ejensii COVID-19

The Department of Children, Youth, and Families (DCYF) haqa wardii kana gaafa Caamsaa 27, 2020 haaresse. Yeroo barbaachisaa ta'ee argametti DCYF dookumentii kana haaressuu ittuma fufa. Odeeffannoo dabalataatiif **dcyf.wa.gov** daawwadhaa

Tatamsa'ina vaayirasii COVID-19 ittisuuf, DCYF'n galmawwan hawaasaa/mootummaa gamoowwan keenya hunda keessatti argamu waan cufeef, qaaman daldaalli gaggeeffamaa hin jiru.

Meeshaalee Of-eeggannoof Gargaaran (PPE)

- Meeshaalee kunneen gilaavii, maaskii, gaawonii, boottiwwanii fi haguuggii fuulaa of keessatti hammata.
- DCYF'n PPE fudhachuudhaan bu'uraalee tajaajilaa fi hoojattoota torban guutuu sa'aatii 24 (24/7) vaayirasii COVID-19 tiif saaxilamoo ta'aniif dhiyeessaa jira. PPE'n dabalataa akka barbaachisu ni beekna; kanaaf dabalataan argachuudhaaf yaalaa jirra.

Family Support Programs (Sagantaalee Deeggarsa Maatii)

Daawwannaan Manaan

- Ji'a Bitootessaan keessa DCYF'n namoonni tajaajla waldhaansaa/daawwannaan manatti taasisan qaaman deemuu dhiisanii viidiyoo yookin bilbilaan akka taasisaniif gaafatee jira. Daawwannaan karaa deeggarsa teekinooloojiitiin taasifamu ji'a Waxabajjiis itti fufuu danda'a. Qaamoleen manatti waldhaansa/kunuunsa laatan tokko tokko viidiyoo yookin qunnamtii karaa weebsaayitii taasifamu, bilbila, email yookiin barreeffama fayyadamu. Qaamoliin tajaajila dhiyeessan tokko tokko fageenya irratti maatiwwaniif meeshaalee kaa'u.
- DCYF'n sagantaaleen Home Visiting Service Account (HVSA) dhaan deeggaraman guuummaa ji'a Waxabajji 30 qaaman daawwannaan/qunnamtii akka hin taasifne gaafatee jira.
 - Yeroo kanatti ulaagaaleen hundinuu yoo guutamu baatan illee DCYF'n akkaawuntiwwan hundumaa gatii sirrii ta'een ni kaffala.

Early Support for Infants and Toddlers (ESIT)

- Deeggarsa daa'imman qaama miidhamoo fi rakkoo fayyaa qabaniif kan dhiyeessan guutummaa ji'a Waxabajji 30, keessa bilbilaa fi viidiyoodhaan bilbiluu fayyadamaa jiru, akka quunnamtiin isaanii yaaddoo irraa bilisa ta'uuf.

Nageenya Daa'imaan

Karaa sararri ittiin seenu

- DCYF'n hotlaayinii kaffaltii irraa bilisa ta'e 1-866-363-4276 torban guutuu sa'aatii 24 (24/7) miidhaa fi tuffii irratti akka hoojatu itti fufee jira.



Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

Daawwannnaa

- DCYF'n qaamaan daawwannaan taasisuu itti deebi'aa jira, garuu yeroo weeraraa COVID-19 kanatti, daawannaan teeknoolojiidha fi qaaman wal keessa kennamuu mala.
- Nageenya daa'immanii mirkaneessuf DCYF'n miidhaa qaaman daa'imman irra gahuu yookiin gabaasa isaa xiyyeefannoo itti kennuu dhiisuu qorachuu ittuma fufa.
- Dhiyeessitooni hanga danda'ametti hirmaattota hundumaa karaa fayya qabeessa ta'een daawwachuudhaaf qajeelfamaa fi aaloo fayyaa akka hordofan DCYF'n gaafatee jira.

Kunuunsa Guddisaatiif Eeyyama Kennuu

- Maatiwwanii fi sagantaalee utubuuf DCYF'n yeroo rakkinaatti kunuunsa guddisaa abbummaadhaan kan fudhatu fi adeemsa addaa hundeessee jira.
 - Yeroo COVID-19 tti Seera Bulchiinsa Washington guutuu hin danda'an yoo ta'e, dhiyeessitooni tajaajila guddisaa qaama eeyyama kenu kan naannoo isaanitti argamu qunnamanii fillannoowwan jiran mariyachuu danda'u.
 - Waa'ee maatii guddisee ta'uu baruu yoo barbaaddan, 1-888-543-7414 irratti bilbilaa.
- Akkuma qajeelfamni DOH fi kallattii Bulchaa kennametti dhiyeessitooni hundinuu wal-irraa fageenya haawaasaa akka eegan DCYF'n gaafatee jira.

Dudduubbee Qorachuu

Fayyummaa daa'imaa fi sagantaalee baruumsa duraa DCYF'n dudduubbee qorachuu irratti jijiirama taasiseera; kunis yeroo fudhatu hir'iisuuf, dallaawan rakkoo malee kaasudhaaf fi namoota daa'immanifi kunuunsa dhiyeessuu malan madaaludhaafi.

Kunuunsa Daa'imaa

- Daa'immanii fi warra jajjaboo dabalatee dhiyeessitooni giddu galawwan kunuunsa daa'immanii fi mana maatii kutaa tokko keessatti walumaa galaan namoota 10 olitti keessummeessun isaan irra hin jiru. Giddugalli tokko garee tokkoo olitti gar-gar quodudhaaf bakka qaba taanan, gochuu danda'a.
- Dursanii warri qaqqaban/deebii laatanii fi hojjatoonni murteessoo ta'an/dirqama qaban (narsoota, doktaroota, qaama seera raawwachiiftatota, hojjattoota balaa abiddaa, parameedikii fi hojjattoota hawaasaa) warri ta'an kunuunsi fayyaa ni barbaadu. Dhiyeessitooni tajaajilaa maatiwwan hojii dirqamaa hojitanii fi daa'imman baay'ee saaxilamoo ta'an, fedhiwwan hawaasaa irratti hundaa'udhaan, akka tajaajilan DCYF'n gorsa kenna.
- DCYF'n dhiyeessitoota kunuunsa daa'immanii CARES Act jala jiraniif deeggarsa laachaa jira. Dhiyeessitooni hanga Waxabajji 30 tti yookin hanga deegarsi dhumutti wacompass.force.com/PP_LoginPage irratti deeggarsa maallaqaatiif galmaa'u danda'u.



Doogomaa Kunuunsa Daa'maa

- Maatiwwan yeroo kana kunuunsa daa'imaan argachuu akka danda'aniif DCYF'n hojiwwaniif dambiiwwan jijiiraa jira.
 - Ji'a 12'n maatiwwan kumuunsaf irra deebiin eeyyama mirkaneessuu qabu; akkasumas ulaagaa guutudhaaf haal-dureewwan guutamuu qaban jiru.
 - Maatiwwan ulaagaa guutuu akka danda'aniif DCYF'n dambiiwwan laaffisaa jira.
 - Maatiwwan yeroo barbaachisaa ta'ee argametti irra deebiin iyyachuu qabu; akkasumas hojiwwanii fi haala isaanii gaabaasuu irraa eegama.
 - Maatiwwan ulaagaa guutuu itti fufuudhaaf irra deebiin akka isaan iyyatan jajjabeessina, kunis yeroo barbaachisaa ta'e kumuunsa daa'imaan akka argataniifi.
 - DCYF'n kaffaltii insuraansii maatiwwan Working Connections Child Care fudhataniif kan ji'a Eblaa, Caamsaa fi Waxabajjii dhaabaa jira. DCYF'n dhiyeessitootaf dhala reetin isaa baankidhaan murtaa'e, kaffaltii inshuraansii maatiin kaffalan dabalatee kaffaltii guutuu ni kaffalaaf.

Hirmaattota Qaamota Qulqullina Kunuunsa Daa'imaan To'atan

- Dhiyeessitooni Qulqullina Kunuunsa To'achuu keessatti hirmaatan badhaasa fooyya'ina qulqullinaa fi reetii beenyaa kaffaltii galmeesi isaanii waliin wal qabsiifame fudhachuu itti fufu. Bulchaa Inslee seerota yeroo fi dhiyeessiwwan Qaamota Qulqullina Kunuunsa Daa'imaan To'atan kan kaffaltii kanneen miidhuu danda'u kaasee jra.

Juvenile Rehabilitation (JR)

- DCYF'n daawwannaan qaaman taasifamu kan viidiyoon taasifamuun bakka buusee jira.
- Hojjattooni fi daldaaltonni hundinuu bu'uuraalee torban guutuu sa'atii 24 (24/7) tajaajilan seenan hundinuu COVID-19 dhaaf dursa qoratamuu qabu.
- Osso gamoowwan JR hin seenin dursa hojjataan, daldaaltonni fi kontiraaktaroonni nama mallattoo qabu kamiyyuu waliin qunnamtii qabaachuu isaanii gaafatamaniiru.
- Hojjatooni, jiraattonni fi kontiraaktaroonni hundinuu yeroo bu'uuraalee tajaajilaa seenan harka isaanii dhiqachuu qabu.
- Bu'uuraalee tajaajilaa, addumatti kanneen tuttuqaan itti baay'atu yeroo yeroodhaan ni qulqulleessina.
- Jiraattonni hundinuu miirri gaariin itti hin dhagamu yoo ta'e hojjataa beeksisu qabu.
- Namni kamiyyuu miirri dhukkubbii yoo itti dhagahame hojjataan hatattamaan qaama tajaajila fayyaa kennu qunnamuun maatii beeksisa.

Quunnamtii

Maaloo, odeeaffannoo quunnamtii keenyaa marsariitii DCYF irraa ilaalaan yookin gaaffilee kamiifuu gara **dcyf.covid-19@dcyf.wa.gov** dhaqaa.

Garagalcha dookumentii kanaa bifa yookin filannoo afaanii biraatiin ni barbaaddu yoo ta'e, maaloo DCYF Constituent Relations (1-800-723-4831 | 360-902-8060, **ConstRelations@dcyf.wa.gov**) ilaalaan.

DCYF PUBLICATION COMM_0078 (05-29-2020) OROMO (Afaan Oromoo) – OM



Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

OROMO (Afaan Oromoo) – OM